WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Guyyaa / Date / ቀን 26/02/2017
Lakk / Ref.No. / ቁጥር 02/01-40/49

**Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif**
**Finfinnee**

**Dhimmi:- Dambii Ragga'e Isinii Erguu Ilaala**

Manni Marii B.M.N.O Bara Hojii 6ffaa ,Waggaa 4ffaa,Walgahii Idilee 2ffaa Onkolooleessa 22 bara 2017 gaggeesseen, ***Wixinee Dambii Mana Mareefi Tumsa Gamtaa Ittisaafi To'annoo Yakka Namaan Daldaluufi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf*** Qophaa'e irratti mari'achuun murtoo dabarsee jira.

Haaluma kanaan manni mariichaa, ***Wixinee dambii Mana Maree fi Tumsa Gamtaa Ittisaafi To'annoo Yakka Namaan Daldaluu fi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 252/2017*** hojiirra akka oolchitan jechaa, Amaariffaa fi Ingiliffaatti hiikamee karaa qaama dhimmi ilaallatuun Magalata Oromiyaa irratti akka maxxanfamu ibsaa, hojiif akka isinii tolu Dambii fuula 12 xalayaa gaggeessituu kana waliin miiltoo goonee erguu keenya ni beeksifna.

**Nagaa wajjin**

Abdul'aziiz Daawud Adam (Dr.)
Hoogganaa Waajjira

WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

**G/G**

- **Waajjira Caffee Oromiyaatiif Finfinnee**
- **Waajjira Pirezidaantiif**
- **Damee Seeraatiif**
- **Daarektoreetii Dhimma Kaabineetiif W.P.B.M.N.O.**

Finfinnee/ፊንፊኔ/Addis Ababa
Tin N0.0001547816
(+251-11) 551 04 55
552 42 47
E-mail:oromiapo@oromia.gov.et
www.oromia.gov.et
(+251-11) 551 36 42
552 96 33
101769

Dambii Lakkoofsa 252/2017

Dambii Mana Mareefi Tumsa Gamtaa Ittisaafi To'annoo Yakka Namaan Daldaluufi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe

Yakka namaan daldaluu, karaa seeraan ala nama daangaa ceesisuufi hojiif gara biyya alaatti erguu ittisuufi to'achuuf qaamolee akka Naannoo Oromiyaatti hojicha ol'aantummaan hoogganan hundeessuun aangoofi hojii isaanii murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qaamoleen yakka namaan daldaluu, karaa seeraan ala nama daangaa ceesisuufi hojiif gara biyya alaatti erguu ittisuufi to'achuu irratti seeraan aangeffaman qindoominaafi waltumsaan akka hojjetan sirna dandeessisu diriirsuun barbaachisa waan ta'eef;

Akkaataa Labsii yakka namaan daladaluufi karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu ittisuufi to'achuuf Mootummaa Federaalatiin bahe Lakkoofsa 1178/2012 Keewwata 33 (5) fi 35 (5)'tiin Naannoon Mana Mareefi Tumsa Gamtaa akka hundeeffatu waan tumameef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 73 (2) tiin Dambiin kun bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaaba

   Dambiin kun "Dambii Mana Mareefi Tumsa Gamtaa Ittisaafi To'annoo Yakka Namaan Daldaluufi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 252/2017" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisu yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) "Abbaa Alangaa Waliigalaa" jechuun Hoogganaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaati.
   2) "Labsii" jechuun Labsii yakka namaan daladaluufi karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu ittisuufi to'achuuf Mootummaa Federaalatiin bahe Lakkoofsa 1178/2012 dha.
   3) "Mana Maree Naannoo" jechuun qaama raawwachiiftuu ol'aanaa dhimma ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluu, seeraan alaa daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu akkaataa Dambii kanaatiin sadarkaa Mootummaa Naannichaatti hundeeffameedha.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) "Mootummaa" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

5) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaati.

6) "Namaan Daldaluu" jechuun gochoota nama biraa:

(a) Garboomfachuu yookiin gocha garboomfachuu fakkaatu raawwachuu;

(b) Dirqamaan akka tajaajilu yookiin idaadhaaf akka qabdiitti qabachuu;

(c) Qaama namaa baasuu yookiin hojii sagaaggalummaa yookiin gocha saalqunnamtii walfakkaataa biroo irratti bobbaasuu;

(d) Dirqisiisuun hojii yookiin tajaajila, kadhaa yookiin gocha yakkaa, gaa'ila dirqii yookiin gadaameessa kireessuu irratti bobbaasuu;

(e) Daa'imman hojii humnaa hojjechisuun garmalee irraa fayyadamuu yookiin gochaalee garmalee fayyadamuu kanneen kana fakkataan raawwachuudha.

7) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameefiidha.

8) "Seeraan Alaa Nama Daangaa Ceesisuu" jechuun kallattidhaan yookiin alkallattiidhaan faayidaa maallaqaa yookiin wantoota biroo ofiif argachuuf yookiin nama biraatiif argamsiisuuf yaaduun karaa seeraan ala ta'een namoota biyya lammummaa yookiin hayyama jireenyaa hin qabnetti karaa lafaa, galaanaa yookiin qilleensaa galchuu yookiin akka bahu taasiisuudha.

9) "Seeraan Alaa Nama Hojiif Biyya Alaatti Erguu" jechuun hayyama osoo hin qabaatiin yookiin hayyama adda citeen yookiin haqameen yookiin biyya akka itti erguuf hayyama hin qabnetti hojiif nama erguudha.

10) "Tumsa Gamtaa Naannoo" jechuun qaama yakka namaan daldaaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif jedhamee karaa seeraan alatiin nama gara biyya alaa erguu ittisuuf akkaataa Dambii kanaatiin Naannoo Oromiyaa sadarkaa Naannoo irraa eegalee hanga Gandaatti hundaa'edha.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun Naannicha keessatti qaamolee ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluufi seeraan alaa daangaa ceesisuu keessatti gahee qaban hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

## Kutaa Lama

### Hundeeffamaa, Miseensota, Aangoofi Hojii Mana Maree Naannoo

5. Hundeeffamaafi Ittiwaamama Mana Maree Naannoo

   1) Manni Maree sadarkaa Mootummaa Naannichaatti gocha yakkoota namaan daldaaluu, seeraan alaa nama daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu ittisuufi to'achuu ol'aantummaan qindeessu Dambii kanaan hundeeffameera.
   2) Ittiwaamamani Mana Maree Naannoo Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.
   3) Manni Marichaa Itti Aanaa Pirezidaantiitiin kan hooggananu ta'a.

6. Miseensota Mana Maree Naannoo

   1) Manni Maree Naannoo miseensota armaan gadii kan qabaatu ta'a:
      (a) Itti Aanaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa ------------------- Walitti Qabaa;
      (b) Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Hoogganaa Kilaastaraa Nagaafi Haqaa ---------------------------------------------- Itti Aanaa Walitti Qabaa;
      (c) Sadarkaa Itti Aanaa Pirezidaantiitti Hooggantoota Kilaastaraa ------------ Miseensa;
      (d) Hoogganaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa ------------- Barreessaafi Miseensaa;
      (e) Hoogganaa Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaassummaa ------------------ Miseensa;
      (f) Hoogganaa Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immannii --------------- Miseensa;
      (g) Hoogganaa Biiroo Dargaggoofi Ispoortii ---------------------------------- Miseensa;
      (h) Hoogganaa Biiroo Pabliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa --------- Miseensa;
      (i) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa --------------------------------------------------- Miseensa;
      (j) Hoogganaa Biiroo Barnootaa------------------------------------------------------ Miseensa;
      (k) Hoogganaa Waajjira Pirezidaantii --------------------------------------------- Miseensa;
      (l) Hoogganaa Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa -------------------- Miseensa;
      (m) Hoogganaa Biiroo Fayyaa Oromiyaa ------------------------------------------ Miseensa;
      (n) Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa ---------------------------- Miseensa;
      (o) Hoogganaa Biiroo Kominikeeshinii ---------------------------------------------- Miseensa;
      (p) Komishinara Jeneraalaa Komishiinii Poolisii ---------------------------- Miseensa;
      (q) Hoogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa ------------------------------------ Miseensa;
      (r) Pirezidaantii Baankii Siinqee ----------------------------------------------------- Miseensa;
      (s) Bakka bu'aa Dhaabbilee Hawaasa Siivilii ------------------------------- Miseensa.

   2) Miseensonni Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman akkuma eegametti ta'ee, Walitti Qabaan Mana Maree Naannoo miseensa biroo bu'a qabeessummaa hojii Mana Marichaaf barbaachisan dabaluu ni danda'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Mana hojii bakka bu'uun Mana Maree Naannoo irratti kan hirmaatu Hoogganaa yookiin Itti-Aanaa Hoogganaa mana hojichaa ta'a.

7. Aangoofi Hojii Mana Maree Naannoo

Manni Maree Naannoo aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammataafi tarsiimoo ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaa daangaa ceesisuufi nama hojiif biyya alaatti erguu haala qabatamaa Naannichaatiin akka bahu yookiin kan sadarkaa biyyaalessaatti bahu hojiirra akka oolu ni taasisa; ni hordofa; ni mirkaneessa;
2) Karoora tarsiimo'aa ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaa daangaa ceesisuufi nama hojiif biyya alaatti erguuf barbaachisu ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
3) Kallattiiwwan hojii ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaa daangaa ceesisuufi nama hojiif biyya alaatti erguu ilaalchisee Mana Maree Biyyaalessaatiin kennamu haala qabatamaa Naannichaatiin hojiirra akka oolu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; ni mirkaneessa;
4) Ittisaafi to'annoo yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaa daangaa ceesisuufi nama hojiif biyya alaatti erguu ilaalchisee qajeelfamoota barbaachisan ni baasa; raawwii isaa ni hordofa;
5) Tumsi Gamtaa Naannichaa aangoofi hojii kennameef akkaataa barbaadameen sirnaan raawwachuu isaa ni hordofa; ni gamaaggama; duubdeebii ni kenna;
6) Baajata hojiif barbaachisu maddoota adda addaa irraa akka argamu ni hojjeta; baajanni argamu kaayyoo barbaadameef ooluu isaa ni hordofa;
7) Tumsa Gamataa Naannichaatiif kallattiiwwan hojii ni kenna; karoora Tumsa Gamtaa irraa dhiyaatuuf xiinxaluun ni mirkaneessa; raawwii isaa ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata yookiin akka sirreeffaman kallattii ni kaa'a;
8) Miseensonni Tumsa Gamtaa walgahii irratti akka argaman waamicha ni taasisa; walgahicha ni hooggana;
9) Hojimaata walqunnamtii Mana Marichaafi Tumsa Gamtaa Naannichaa gidduu jiraachuu qabu irratti qajeelfama ni baasa.

8. Aangoofi Hojii Walitti Qabaa Mana Marichaa

Walitti Qabaan Mana Marichii aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Aangoofi hojii akkaataa Dambii kana Keewwata 7 tiin Mana Marichaaf kenname sirnaan hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa;
2) Walgahii Mana Marichaa ni hooggana;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

3) Walgahii ariifachiisaa Mana Marichaa ni waama;
4) Mana Marichaa bakka bu'uun qaamolee adda addaa waliin qunnamtii hojii ni taasisa;
5) Murtiiwwan Mana Marichaan darban raawwatamuu isaanii ni hordofa;
6) Karooraafi gabaasa yeroo gabaabaafi yeroo dheeraa Mana Marichaa qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa yookiin akka dhiyaatu ni taasisa;
7) Raawwii karooraa Mana Marichaa ji'a jaha jahaan Mana Marichaaf ni dhiyeessa;
8) Hojiiwwan biroo Mana Marichaafi Mana Maree Biyyaalessaatiin kennamuuf ni raawwata.

9. **Aangoofi Hojii Itti Aanaa Walitti Qabaa Mana Marichaa**

Itti Aanaan Walitti Qabaa Mana Marichii aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Yeroo walitti qabaan hin jirretti yookiin hojii isaa raawwachuu hin dandeenyetti Walitti Qabaa bakka bu'ee aangoofi hojii Dambii kana Keewwata 8 jalatti Walitti qabaadhaaf kenname ni raawwata;
2) Hojiiwwan biroo Walitti Qabaan kennameef ni raawwata.

10. **Sirna Walgahii Mana Maree Naannoo**

1) Manni Maree Naannoo ji'a 3 (sadii) tti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, Walitti Qabaan Mana Marichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Miseensota Mana Maree keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a.
3) Murteen Mana Marichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Mana Marichaa ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Marichaa hojimaata sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

## Kutaa Sadii

## Hundeeffama, Miseensota, Aangoofi Hojii Tumsa Gamtaa

11. **Hundeeffama fi Ittiwaamama**

1) Tumsa Gamtaa gocha yakkoota namaan daldaluu, seeraan alaa nama daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu ittisu kanaan booda **"Tumsa Gamtaa"** jedhamee kan waamamu sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaa, Magaalaa fi Kutaa Magaalaatti Dambii kanaan hundaa'ee jira.
2) Ittiwaamamni Tumsa Gamtaa:
   (a) Kan Naannoo Mana Maree Naannichaatiif;
   (b) Kan Godinaafi Magaalota Naannichaaf Ittiwaamamanii Tumsa Gamtaa Naannichaatiif;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(c) Kan Aanaafi Magaalota Godinaaf Ittiwaamamanii Tumsa Gamtaa Godinichaaf;

(d) Kan Kutaa Magaalaa Tumsa Gamtaa Bulchiinsa Magaalichaaf.

3) Tumsi Gamtaa sadarkaan jiran Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaafi Caasaa isaa sadarkaan jiraniin kan hoogganamu ta'a.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, sadarkaa Aanaa Magaalaafi Gandaatti Koree Ittisaa Yakka Namaan Daldaluu, Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuufi hojiif biyya alaa erguu kanaan booda "Koree" jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundaa'ee jira.

5) Ittiwaamamni Koree Aanaa Magaalaa, Tumsa Gamtaa Kutaa Magaalaaf, kan Ganda Baadiyyaa Tumsa Gamtaa Aanichaaf, akkasumas kan Ganda Magaalaa akkaataa sadarkaa Magaalichaatiin Tumsa Gamtaa Kutaa Magaalaa yookiin Tumsa Gamtaa Magaalichaaf ta'a.

6) Koreen akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 tiin hundeeffame hojii gaggeessaa yookiin manaajaraan kan hoogganamu ta'ee, caasaan Waajjira Abbaa Alangaa itti dhiyeenyaan jiru hojii korichaa ol'aantummaan kan hordofuufi deeggaru ta'a.

12. Miseensa Tumsa Gamtaa Sadarkaan Jiran

1) Tumsi Gamtaa Naannichaa miseensota armaan gadii kan qabaatu ta'a:

(a) Biiroo Abbaa Alangaa Waligalaa ---------------------------------- Walitti Qabaa;
(b) Wajjira Pirezidaantii -----------------------------------------------------Miseensa;
(c) Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa ------------------------------------------- Miseensa;
(d) Biiroo Dhimmaa Hojjetaafi Hawaasummaa ------------------------------ Miseensa;
(e) Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii ---------------------------- Miseensa;
(f) Biiroo Fayyaa ------------------------------------------------------------------ Miseensa;
(g) Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa --------------------------------- Miseensa;
(h) Biiroo Barnootaa ----------------------------------------------------------- Miseensa;
(i) Biiroo Qonnaa -------------------------------------------------------------- Miseensa;
(j) Biiroo Aadaafi Turizimii ------------------------------------------------ Miseensa;
(k) Biiroo Maallaqaa ----------------------------------------------------------- Miseensa;
(l) Biiroo Kominikeeshinii -------------------------------------------------- Miseensa;
(m) Biiroo Investmentiifi Industirii ---------------------------------------- Miseensa;
(n) Biiroo Dargaggoofi Ispoortii -------------------------------------------- Miseensa;
(o) Komishinii Karooraafi Misoomaa --------------------------------------- Miseensa;
(p) Komishinii Poolisii ------------------------------------------------------- Miseensa;
(q) Buusaa Gonofaa Oromiyaa ------------------------------------------------ Miseensa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

(r) Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii ---------------------------------------- Miseensa;

(s) Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworkii ------------------------------------- Miseensa;

(t) Ejensii Galmeessa Siivilii ---------------------------------------------------- Miseensa;

(u) Federeeshinii Dargaggootaa Oromiyaa------------------------------------- Miseensa;

(v) Federeeshinii Dubartootaa Oromiyaa--------------------------------------- Miseensa;

(w) Inistitiiyuutii Leenjiifi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa ----------------------- Miseensa;

(x) Waldaa Diyaaspooraa Oromiyaa ----------------------------------------- Miseensa;

(y) Yuunivarsiitii Naannoo Oromiyaa------------------------------------------ Miseensa;

(z) Walitti Qabaan Gumii Abbootii Gadaa, bakka bu'aan haadholii Siinqee, Bakka Bu'oota Dhaabbilee Amantaafi Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Naannichaa ------------------------------------------------------------------- Miseensa.

2) Miseensonni Tumsa Gamtaa sadarkaa Godinaa, Magaalaa, Kutaa Magaalaafi Aanaa akkasumas kan Koree Aanaa Magaalaafi Gandaa haala qabatamaa isaanii irratti hundaa'uun Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) Namni mana hojii bakka bu'uun miseensa Tumsa Gamtaa yookiin Koree ta'ee dhimma barbaachisu irratti hirmaatu nama dhaabbiidhaan bakka buufame ta'uu qaba.

4) Miseensi akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin bakka bu'an hojiiwwan Dambii kana keessati hammatamaniifi kanneen biroo akkaataa barbaachisummaa isaatti walitti qabaadhaan kennamuuf raawachuufi raawwachiisuuf dirqama qaba.

## 13. Aangoofi Hojii Tumsa Gamtaa Naannichaa

Tumsi Gamtaa Naannichaa aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Hojiin ittisa yakka namaan daldaaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu bal'inaan akka hojjetamu haala mijaawaa ni uuma; raawwii isaa ni hordofa; sochii hojii ni qindeessa;

2) Tarsiimoo, seerotaa, karooraafi tarkaanffiiwwan akka Naannichaatti yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu ittisuu dandeessisan qorannoo irratti hundaa'uun qopheessee Mana Maree Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

3) Hojii miidhamtoota yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu deebisanii dhaabuu, deeggarsa taasisuu, hawaasa waliin deebisanii walitti makuu ol'aantummaan ni qindeessa; raawwii isaa ni hordofa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) Gareewwan hojii yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu ittisuu, miidhamtoota deebisanii dhaabuu, qorannoo gaggeessuu akkasumas hojiiwwan walqabatan biroo baajataan akka deeggaramu ni taasisa;
5) Namoonni gocha yakka namaan daldaluu, karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuufi hojiif biyya alaatti erguu raawwatan irratti ittigaafatamummaa yakkaa balleessaa raawwatameen walmadaalu akka jiraatu ni hojjeta; qindoominni qaamolee haqaa akka cimu ni deeggara;
6) Naannicha keessatti raawwii Labsii bobbii hojii biyya alaa ni qindeessa; ni gamaaggama;
7) Dhimmoota tumsa barbaadan irratti Tumsa Gamtaa Biyyaalessaafi Naannolee waliin qindoominaan ni hojjeta;
8) Karooraafi raawwii hojii Tumsa Gamtaafi gareewwan hojii sadarkaan jiran ni hordofa; ni deeggara;
9) Gareewwan hojii gamaaggama raawwii karoora isaanii irratti qooda fudhattoota akka hirmaachisan ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;
10) Gabaasa raawwii hojiifi tarkaaffiiwwan fudhataman qindeessuun yeroo yeroon Mana Maree Naannichaafi Tumsa Gamtaa Biyyaalessaatiif ni dhiyeessa;
11) Ragaawwan hojii Tumsa Gamtichaan walqabatan karaa ammayyaa'aafi teeknolojiin deeggarameen ni qabata;
12) Hojiwwan kaayyoo Tumsa Gamtichaa milkeessuu danda'an biroo ni hojjeta;
13) Hojiiwwan biroo Mana Maree Naannichaafi Tumsa Gamtaa Biyyaalessaa irraa kennamuuf akkaataa qabatama Naannichaatiin ni raawwata.

**14. Aangoofi Hojii Walitti Qabaa Tumsa Gamtaa**

Walitti qabaan Tumsa Gamtaa Naannichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan Dambii kanaan Tumsa Gamtaa Naannichaaf kennaman ol'aantummaan ni hooggana; ni qindeessa; bu'a qabeessa akka ta'uuf ni hojjeta;
2) Miseensota gamtichaatiif waamicha walgahii ni taasisa; walgahii waliigalaatiis ni hooggana;
3) Karooraafi gabaasni raawwii gareewwan hojii kurmaana kurmaanaan yookiin yeroo gaafatametti akka dhiyaatu ni taasisa; ni gamaaggamsiisa; duubdeebii barbaachisaa ta'e ni kenna;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

4) Tumsa Gamtaafi gareewwan hojii sadarkaa sadarkaan hundeeffaman ni hordofa; dandeettiin raawwachiisummaa isaanii akka cimu deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;

5) Tumsa Gamtichaa bakka bu'uun Mana Maree Naannichaaf gabaasa ni dhiyeessa; Qaamolee miidiyaatiif ibsa barbaachisu ni kenna;

6) Hojiiwwan biroo Mana Maree Naannichaafi Tumsa Gamtaa Biyyaalessaafi Naannichaa irraa kennamuuf ni hojata.

7) Murtiiwwan Mana Mareefi Tumsa Gamtaa hojiirra akka oolaniif Gareewwan hojiitiif kallattii ni kaa'a; ni hordofa; ni deeggara.

**15. Sirna Walgahii Tumsa Gamtaa**

1) Tumsi Gamtaa sadarkaan jiru ji'a 3 (sadii) tti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, Walitti Qabaan Tumsa Gamtichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.

2) Miseensota Tumsa Gamtichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a.

3) Murteen Tumsa Gamtichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaa gamtichaa yookiin garee hojiitiin deeggarame murtee Tumsa Gamtichaa ta'a;

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1-3) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Tumsi Gamtichaa hojimaata sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

**16. Hundeeffama Waajjira Qindeessaa Tumsa Gamtaa**

Waajjirri Qindeessaa Tumsa Gamtaa Naannichaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa keessatti Dambii kanaan hundeeffameera.

**17. Aangoofi Hojii Waajjira Qindeessaa Tumsa Gamtaa Naannichaa**

Waajjirri Qindeessaa Tumsa Gamtaa Naannichaa aangoofi hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Waajjira barreessaa tumsa Gamtichaafi Mana Marichaa ta'ee ni tajaajila;

2) Qaboo yaa'ii walgahii tumsa gamtichaafi Mana Marichaa ni qaba;

3) Karoorrii hojiifi gabaasni raawwii hojii Tumsa Gamtaa yookiin Gareewwan Hojii irraa yeroo isaa eeggatee akka dhiyaatu ni taasisa; ni qindeessa;

4) Karooraafi hojiileen tumsa gamtichaafi gareewwan hojii akka waliigalaatti tarsiimoo, imaammata, seerota biyyaafi sanadoota idil-addunyaa waliin kan walsime ta'uu isaanii ni hordofa;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

5) Ajandaawwan Mana Mareefi Tumsa Gamtaaf dhiyaachuu qaban adda baasuun akka ajandaatti akka dhiyaataniif ni qopheessa;
6) Sanadoota qophii hojiiwwan Tumsa Gamtichaatiif barbaachisan ni qopheessa;
7) Qophiiwwan teeknikaawaa waltajjiiwwan Tumsa Gamtichaatiif ta'u ni qindeessa;
8) Karooraafi gabaasa raawwii hojii Tumsa Gamtichaa Mana Marichaafi Waajjira Tumsa Gamtaa Biyyaalessaatiif ni erga;
9) Murtiiwwaniifi kallattiiwwan Tumsa Gamtaafi Mana Maree Naannoofi Biyyaalessaatiin kennaman hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
10) Miseensonni Tumsa Gamtaa gahee isaanii qixa sirrii ta'een bahachaa jiraachuu isaanii ni hordofa; bakka hanqinni jirutti walitti qabaa Tumsa Gamtichaatiif beeksisuudhaan tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;
11) Tumsi Gamtaa Gurmaa'insa Mootummaa sadarkaan jirutti keessatti bifa walfakkaatuun akka diriiru ni hojjeta; ni qindeessa;
12) Walitti qabaa Tumsa Gamtichaatiifi walitti qabdoota garee hojii dhimmi ilaallatuuf karoora faayinaansii hojiilee garagaraatiif oolu qopheessee ni dhiyeessa; ni qindeessa;
13) Hojiiwwan biroo walitti qabaa Tumsa Gamtichaan kennamuuf ni raawata.

**18. Maddaafi Itti Fayyadama Baajata Tumsa Gamtaa**

1) Maddii baajata tumsa gamtaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:
   (a) Baajata Mootummaan Naannichaa Tumsa Gamtichaatiif qabu;
   (b) Deeggarsa Dhaabbilee Miti-Mootummaa yookiin Arjoomtota irraa argamu;
   (c) Hirmaannaa uummataafi abbootii qabeenyaa.
2) Baajanni hojii adeemsiftuu Tumsa Gamtaa Naannichaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jalatti addatti kan qabamu ta'a.
3) Hojjiiwwan miseensa Tumsa Gamtaatiin yookiin Gareewwan Hojii Tumsa Gamtichaa jalatti argamaniin hojjeteman hojii idilee mana hojii isaaniitiin adda yoo ta'e, baajata Tumsa Gamtaatiif qabame irraa kan fayyadaman ta'a.
4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojiiwwan miseensonni Tumsa Gamtichaa hojjetan hojii godaansa seeraan alaa ittisuutiifi dhimmoota kanaan walqabatan yoo ta'eeyyuu, hojichi hojii idilee mana hojii isaanii yoo ta'e baajata mana hojii isaaniitiin kan raawwatan ta'u.
5) Baajanni mootummaa Naanichaatiin hojii Tumsa Gamtichaatiif qabame barri baajataa haaraan osoo hin gahiin kan dhume yoo ta'e, gaaffiin baajata dabalataa Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin akkuma akaakuu hojichaatiin karaa mana hojii walitti qabaa gareewwan hojiitiin qaama dhimmi ilaallatuuf kan dhiyaatu ta'a.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

6) Manneen hojii miseensa Tumsa Gamtichaa ta'aniifi qindeessitoonni Gareewwan Hojii projektiiwwan maallaqni hojii adeemsiftuu Tumsa Gamtichaaf oolu ittiin argamu bocuudhaan deeggarsi akka argamu taasisuu ni danda'u.

7) Dhaabbileen miti-mootummaa Tumsa Gamtaafi Gareewwan Hojii jalatti hammataman, hojiilee Tumsa Gamtichaafi Gareewwan hojii damee hundaatti argamaniin raawwatamuuf deeggarsa taasisuu ni danda'u.

19. **Hundeeffamaafi Ittiwaamama Gareewwan Hojii Tumsa Gamtaa**

1) Tumsa Gamtaa Naannichaa jalatti Gareewwan Hojii armaan gadii Dambii kanaan hundeeffamaniiru:

   (a) Garee Hojii Hubannoo Uumuufi Bobbii Hojii Biyyaa Alaa;

   (b) Garee Hojii Ittisa Yakkaafi Kabachiisa Seeraa;

   (c) Garee Hojii Deeggarsaafi Deebisanii Dhaabuu Miidhamtootaa;

   (d) Garee Hojii Dhimma Hirmaannaafi Misoomaa Diyaaspooraa;

   (e) Garee Hojii Bulchiinsa Odeeffannoo Godaansaa;

   (f) Garee Hojii Qo'annoofi Qorannoo.

2) Ittiwaamamni Gareewwan Hojii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti hundeeffamanii Tumsa Gamtichaaf ta'a.

3) Miseensonni, aangoofi hojiin, qaamni qindeessuufi hojimaanni Gareewwan Hojii kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda Addaa

20. **Ittigaafatamummaa Miseensota Mana Maree, Tumsa Gamtaafi Gareewwan Hojii**

Miseensi Mana Maree, Tumsa Gamtaa, Koree akkasumas Gareewwan Hojii Tumsa Gamtaa kamiyyuu Dambii kana hojiirra oolchuuf ittigaafatamummaa armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Dambii kanaafi Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf bahu qaama hojii idilee ofii taasisuun raawwachuufi hojiirra oolchuuf;

2) Walgahii idileefi ariifachiisaa Mana Maree, Tumsa Gamtaa yookiin Garee Hojii isa ilaallatu irratti hirmaachuuf;

3) Kallattiiwwaniifi murtee Mana Marichaafi Tumsa Gamtichaatiin kennaman raawwachuufi hojiirra oolchuuf;

4) Dhimmoota icciitiin akka qabaman murtaa'an icciitiin qabachuuf;

5) Hojiiwwan itti kenname yookiin isa ilaallatu yeroon raawwachuuf.



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
MANA GALMEE
መዝገብ ቤት
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the Presid

21. **Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif dirqama deeggarsa kennuu qaba.

22. **Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, Qajeelfamniifi barmaatiileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

23. **Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Manni Maree Naannoo Dambii kana hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

24. **Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Onkoloolessa Guyyaa 22, Bara 2017 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Onkoloolessa Guyyaa 22, Bara 2017

Shimallis Abdiisaa

Prezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President